# سُورَةُ التَّكْوِيرِ
# Suuraa Takwiir

*Dura dursoo suuran tun {suuratuttakwiir} je'amti — قبل كل شئ هذه هي سورة التكوير

*Isiin suraa makkaati. — وهي مكيــة

*Aayaanni isi'ii diiddamii sagali — وآياتها تسع وعشرون

*Lakkooysi isi'ii saddeettamii tokko . — وعددها واحد وثمانون

*Isiin eega suuran {masadii} buutee — نزلت بعد سورة المسـد

*Jalqabni dubbi'ii maqaa Rabbiitii wanni maqaa isaatin hin jalqabamin hundi barakaa hin qabdu , — بِسْمِ اللَّهِ الرَّحْمَٰنِ الرَّحِيمِ

**1}***Gaafa aduun maramtee ifni isi`ii irraa deeme. — إِذَا الشَّمْسُ كُوِّرَتْ ﴿١﴾

**2}***Gaafa urjiin sami`irraa lafatti gad harcaate . — وَإِذَا النُّجُومُ انكَدَرَتْ ﴿٢﴾

**3}***Gaafa gaarotiin bakka isi`iitii,. Deemsifamtee, caccaphxee,akka dhukkee qilleensi deemunii taate haffallattee — وَإِذَا الْجِبَالُ سُيِّرَتْ ﴿٣﴾

**4}***Gaafa, gaalli, ulfaa ,kan warri gaalaa akkaan jaalatu,tiysitee malee dhiifame cinqiin jabaatuu keessa .warri gaalaa, waan gaala dhalaa dhiyaaterra jaalatu hin qabu tanaaf ija irra kaayanii tiysan, haa tayuu gaafa qiyaaman, dhaabbatte, namni isii. mil`atu hin jiru. — وَإِذَا الْعِشَارُ عُطِّلَتْ ﴿٤﴾

**5}***mmas gaafa bineensi hundi walitti qabame ,eega qabriidhaa kaafamanii akka bineensi sun biiluu walirraa bayee eega sanii biyyee tayuuf .sun guyyaa qiyaama`aatii . — وَإِذَا الْوُحُوشُ حُشِرَتْ ﴿٥﴾

**6}***Ammas gaafa baharri, ibiddi itti qabsiifamee ,bobayee , ibidda taye. — وَإِذَا الْبِحَارُ سُجِّرَتْ ﴿٦﴾

**7}***ammas gaafa nafseen yookaa lubbuun hundi qindeeffamte,qaama du`aan keessaa baatetti deeffamtee, isi`iifii qaamni isi`ii walitti dhufe. — وَإِذَا النُّفُوسُ زُوِّجَتْ ﴿٧﴾

**8}***Ammas gaafa{ maw`uudan } gaafa-tamte.

وَإِذَا ٱلۡمَوۡءُۥدَةُ سُئِلَتۡ ﴿٨﴾

**9}***dilii maalif ajjeefamte? maal ball eessite je`aniinii ? namicha ajjeese laalessanii yak-ku`uu jecha gaafatan, duuba wanni maw`uudan sun jettu dilii maleedhan ajjee-fame jechu.{maw`uudaa} jechuun; dubra, yookaa dhalaa xixiqqaa odoo isla-amni dhufee,irraan dhoowwin arabni isii jirtuu awwaaluu ture ,boolla qotanii odoo isiin laaltee gartuu ,odoo isiin aabboo ,na ajjeeftaa ? jettuu ,abbaan qabee , boollatti darbee biyyee itti deebisa. wanni arabni dubra isaanii jiraa awwa-alaniif ,waa lamaafi : tokko karaa bada`aan dhiiratti ida`amtee qaanin nu gee-ssi`iifi**,** kuun waan nyaachifnu hin qabnu`uufi .duuba islaamni dhufeeti , rizqiin teessaniifii ,ta ilmaan keessanilleen Rabbirra jirtii, tanaa jettanii ilmaan keessan hin ajjeessinaa Rabbiin akka itti shinbirro'oo yuu razaqu gartanii , je`ee , irra dhoowwee ,ammas heera ,takkaa shari`aa dhiirti dubra fuutun godhee kan yoo dhiirti karaa saniin dubra fuute ,harka dhawanii ililchaniif ,kan yoo heera san-irraa maqe ,dhaga`aan tumanii ajjeessan,godhee,qaanii dhalaan ,warra isaanitti fidu ,isaanirra deebise,akkanatti islaamni dhala'aaf bakka godhe yookaa kab-ajaa godheef.

بِأَيِّ ذَنۢبٖ قُتِلَتۡ ﴿٩﴾

**10}***Gaafa kitaabni,takkaa xalayaan dala-gaan namaa keessatti katabamte banamtee , bal`ifamte akka namuu argutti.

وَإِذَا ٱلصُّحُفُ نُشِرَتۡ ﴿١٠﴾

**11}***Gaafa samiin,bakka amma jirturraa fuudhamtee , jirjiiramte.

وَإِذَا ٱلسَّمَآءُ كُشِطَتۡ ﴿١١﴾

**12}***Gaafa ibiddi jehannam , akkaan bob-eeffame .

وَإِذَا ٱلۡجَحِيمُ سُعِّرَتۡ ﴿١٢﴾

**13}***Gaafa jannanni warra jannataatif dhiye-effame, akka seenaniif jecha gaafni sun guy-yaa qiyaama`aatii.

وَإِذَا ٱلۡجَنَّةُ أُزۡلِفَتۡ ﴿١٣﴾

*Gaafas nabseen hundi takkaa namni hundi , beekhe , yookaa beyte.

عَلِمَتۡ نَفۡسٞ

**14}***Waan ,addunya`arraa gara aakhi ra'aa dhufteen mara yookaa hunda kheyrii tayuu sharrii tayuu namuu waan addunya`arratti dalage hojjate,isii katabamte, if dur-atti argaa ni qara`aa, ni beekhaa , ragaa hin barbaadu.

مَّآ أَحۡضَرَتۡ ﴿١٤﴾

**15}***Urjii karaa deemten deebitu .

فَلَآ أُقۡسِمُ بِٱلۡخُنَّسِ ﴿١٥﴾

ٱلۡجَوَارِ *Tan karaa isi`ii keessa deemtu.

ٱلۡكُنَّسِ ١٦ **16}***Tan bakka seentetti, dhokhattuun sii kakadhe Urjiin hoggaa deebitee baatu{ khunnas} je`aniin hoggaa isiin falaka , yookaa karaa isi`ii keessa deemtu {jawaari} je`aniin .ammoo hoggaa isiin lixxee dhokhatte,{kunnas} je`aniin. Takkaa makgnaan : urjii guyyaa dhukattee halkan mul`attuun khakhadhe jechu`uu.

وَٱلَّيۡلِ إِذَا عَسۡعَسَ ١٧ **17}***Ammas halkan.Dukkana isaatin dhufee, gara galuun ,takkaa dabruun isinii kakadhee.

وَٱلصُّبۡحِ إِذَا تَنَفَّسَ ١٨ **18}***Ammas ganama ,bariyee ifee guyyaa tayeen , sii khakhadhee.

إِنَّهُۥ *Qur`aanni , sirratti buufne kun,

لَقَوۡلُ رَسُولٖ *Waan ergaan keenya, jibriil nurraa sitti fidee ,si qaraasise .

كَرِيمٖ ١٩ **19}***Jibriilin qur`aana nurraa sitti fide sun , gabricha Rabbii , kan Rabbiin guddise .

ذِي قُوَّةٍ *Malak jibriilin kun , kan humna jabduu . qabu , kan yoo Rabbiin ajaje, dachii gara galchuu dandayu .

عِندَ ذِي ٱلۡعَرۡشِ *Jibriil,Rabbii arshii uumee qabu biratti

مَكِينٖ ٢٠ **20}***Darajaa guddoo qaba.

مُّطَاعٖ ثَمَّ *Ammallee jibriil, kan warri sami'ii ,hundi, dubbii , isaa dhagayu.inni mataa isaaniti jechu',

أَمِينٖ ٢١ **21}***Ammas jibriil amanama`a waan Rabbiin anbiyootatti geessi je`een akkuma rabbiin je`eenitti , itti geessa , kan waa takka irraan ir`ifne ,kan ittin idaane , namni Rabbiifii anbiyoota Rabbii jidduu , takkaa ergamoota isaa jidduu deemu , malak jibriili .duuba isaatu , qur`aana Rabbirraa nabi Muhammaditti fidee barsiisee qur'aanni waan nabi Muhammad if biraa kaasee je`ee, miti ammas Rabbiin waan dabarsineen kakhatee , orma kuffaaratiin akki je`e.

وَمَا صَاحِبُكُم بِمَجۡنُونٖ ٢٢ **22}***Saahibni keessan Muhammad kan nuti isinitti ergine , kan isin maraataa jettaniin waa maraata`aa miti.inni waan Rabbii achitti ibaaddan dhiisaa,Rabbii dachi`ii samii uume ,ibaadaa isiniin jennaan , arrabaaf jecha akkas jettaniin malee, inni

nama guutu`, kan jibriil qur`aana barsiisu , akka nuti itti erginetti .

وَلَقَدْ رَءَاهُ بِٱلْأُفُقِ ٱلْمُبِينِ ﴿٢٣﴾

**23}***Nabi Muhammad nageenyi isarr atti haa jiraatuu dhugumaan jibriil sami`iifii dachii jiddu'utti argee jira , isaa goflaa dhibba jaha qabu suuruma Rabbiin jibriil itti uume guddoo saniin itti mul'atee. irra hedduu, jibriil hoggaa nabi muhammaditti dhufu suuraa namaatin itti dhufa, waan malaaykan waan feete fakkaatuu dandeessuf,haatayuu asitti suuraa itti uumameen itti mul'ate.

وَمَا هُوَ عَلَى ٱلْغَيْبِ

*Ergamaan kiyya Muhammad waan isinirraa fago'oo , kan narraa isinitti odessu keessatti ,

بِضَنِينٍ ﴿٢٤﴾

**24}***Nama duynu'umma'aan hamat amuu miti ,nama waanin an isaanitti geessi je`een garii isinitti odeessee garii duyn'oomee ,isinirraa dhoysuu mitii inni arja'a jechu' qaraatin gariin:{wamaa huwa kgalalghaybi bi zganiin} {وَمَا هُوَ عَلَى الْغَيْبِ بِظَنِيْنٍ} **makgnaan isaa :** nabi Muhammad waan Rabbiin irratti buuse keessatti , wahi , irraa balleysaadhan hin dareemamuu ,wanni inni isinitti himu hundi waanuma Rabbirraa isatti dhufee , hin idaanee hin jirjiirre

وَمَا هُوَ بِقَوْلِ شَيْطَٰنٍ رَّجِيمٍ ﴿٢٥﴾

**25}***Ammas, isiniifan , khakhadhaa, qur'aanni kun, waan sheyxaanni , warra raaga laaluu, himuu mitii. { rajiim } jechuun:kan hoggaa inni ,waan malaaykan samii keessatti dubbattu ,dhagayee,warra raaga laaluu,himu'uuf itti ol dhiyaate,ifaa urji'iitin darbamu jechu'u.

فَأَيْنَ تَذْهَبُونَ ﴿٢٦﴾

**26}***Duuba yaa warra Rabbitti kafare qur'aana kana qeebaluu diddanii eessa deemtan yoo karaa. Qajeelaa qur'aanni dhufeen diddan ,kharaa qajeelaa biraa,eessaa argattan karaa isaa malee karaan biraa, kan najaa nama baasu hin jiru, jechu' .

إِنْ هُوَ إِلَّا ذِكْرٌ لِّلْعَٰلَمِينَ ﴿٢٧﴾

**27}***Qur'aanni kun waan biraatii mitii gorsa nama hundaati qajeelchaa namaatifii kan jinnille'e maalif ? jinnillee akkuma ilmaan namaa kaafiraafii,mu'mina qaban , jinniinis ,kaafiraafii ,mu'mina qabdi .duuba qur'aanni waan insi'iifii jinniin isaan gorfamanii , isaan qajeelan

لِمَن شَآءَ مِنكُمْ أَن يَسْتَقِيمَ ﴿٢٨﴾

**28}***haa tayuu, qur'aanni nama isinirraa qajeeluu fedheef gorsa taya , nama karaa haqaa barbaadu, qajeelcha, nama haqa diduu mitii.

وَمَا تَشَآءُونَ إِلَّآ أَن يَشَآءَ ٱللَّهُ

*Yaa Rabbi nu qajeelchi je'aadhaa Rabbi khadhadhaa , waa takkalleen fedhii isaa malee hin taatuu. Inni isinii fedhu malee , waa takka fedhuu hin dandeessanii , kheyrii tayuu sharrii tayuu .

رَبُّ ٱلۡعَٰلَمِينَ ٢٩

**29}***Rabbiin isa waa hunda uume kan kheyri'ii sharriin,harka isaa jirtu, kan nama isa waa khadhate , waan inni khadhate kennuuf